# COVID-19 Akkamiin Hawaasa Keessa akka Tatamsa'u

Namoonni COVID-19n qabaman hundi hindhukkubsatan. Garuu ammoo osuma FAYYAAN itti dhagahamu, vaayirasicha nama biraatti dabarsuu nidanda'an.

Namni COVID-19n qabame tokko, yoo kan cidha, ykn awwaalcha, ykn bakka namoonni hedduun itti walitti qabaman bira dhaqe, namoota achiitti argaman kan biraatti haala salphaa ta'een vaayirasii dabarsuu nidanda. Kunis keessattu yoo namoonni maaskii hinkaawwannee fi yoo xiqqaate miila 6 namoota biraa irraa hinfagaannee.

Namoonni haala Kanaan vaayirasichaan qabamanis, maatii, manaafii, hiriyoota isaaniitti nigeeyssan. Magaalaan ala kan jiraatan yoo ta'es, COVID-19 isaan waliin garas deema.

Eegasii ammoo, namoonni isaanii waliin jiraatan hundis  qabamu nidanda'an. Isaan hundi yoo gara hojii, gara mana barnootaa, ykn bakka namoonni hedduun itti walitti qabaman yoo deeman, namoonni bakka sanatti argamanis akkasuma qabamu nidanda'an.

Dhukkubni COVID-19 nama tokkichaan eegalee hatattamaan gara nama lakkoofs hedduutti mul'achuu danda'a, yoo namoonni tatamsa'ina isaa dhaabuuf waan tokko hinraawwanne ta'e.

Maatii kee, hiriyyoota kee fi namoota hinbeekneellee ittisuuf tarkaanfii barbaachisu fudhadhu.

Bakka ykn iddoo namoonni hedduun ykn baay'een itti walitti qabaman irraa fagaadhu.

Maaskii kaawwadhu.

Namoota biraa irraa yoo xiqqaate miila 6 fagaadhu.

Harka kee dhiqadhu.

Yoo dhukkubsatte ammoo mana turi.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/20/20 (Oromo)

*Odeeffannoo kana danaa gara biraatiin argachuuf: 651-201-4989 irratti bilbilaa.*